Oromo

Treatment for Latent TB Infection

# Waldhaansa Dhibee Riphaa kan Somba (TB)

Yaaliiwwan kee dhibee somba (TB) riphaa ta'e, ykn "LTBI" akka qabdu mul'isu. Yammuu namni tokko LTBI isa qabu jarmoonni TB qaama isaa keessa jiran "hirriba irra jiru" garuu lubbuun ni jiru. Jarmoonni TB "ni rafu" hanga qaamni kee ofirraa isaan lolachuu danda'etti. Yammuu ati LTBI qabdu namoota kabirootti TB facaasuu hindandeessu.

Yoo qaamni kee jarmoota TB ofirraa lolachuu dadhabe, isaan "ni dammaqu" ammas guddachuu jalqabu. **Kun nama LTBI qabu eenyuyyuu irra gahuu danda'a yerro halle.** Ennaa jarmoonni guddatan fi faca'an "dhibee TB mul'atu" jedhama. Namootni dhibee TB mul'atu qaban akka malee dhukkubsachuu fi namoota kabirootti TB facaasuu danda'u.

## Ani akkamitti dhibee TB mul'atu dhowwuu danda'a?




Isoniyaazid (INH) qoricha beekamaa kan LTBI yaaluuf fayyadu dha. INH jarmoota TB "rafaa jiran" ni ajjeesa si dhukkubsuuf isaan carraa osoo hinargatiin **dura**. Jarmoonni TB sababa cimaa ta'aniif, qorichichi isaan ajjeesuuf ji'oota baay'ee fudhata.

INH haalaan hojjata yoo ati guyyaa guyyaan fudhatte hanga doktorri kee dhaabuun ni MALA jedhutti.

Dhiheessaa kunuunsa fayyaa kee ji'aan yeroo tokko arguu qabda yammuu INH fudhataa jirtu waldhaansi kee gaariitti adeemuu isaa mirkaneessuuf.

## Maaliif ani qoricha fudhadha yoo ani dhukkubni natti hin dhagahamne?

INH jarmoota TB qaama kee keessa jiran ajjeesa "dammaquuf" carraa osoo isaan hin argatiin fi sindhukkubsiin **dura**.

## Ani maal beekuun qaba qoricha LTBI ilaalchisee?

Namootni hedduun rakkina kamiyyuu malee INH fudhatu guyyaa halle, garuu **wantootni murtaawan ni jiru kan ati eeggachuu qabdu:**

- Dhaqna gubaa guyyaa sadiin oliif
- Fedha nyaata xiqqaa, ulfina qaamaa hir'isuu, ykn sababa malee dadhabuu:
- Garaa hammeessa ykn hooqqisuu:
- Dhukkuba garaa kee keessa
- Fincaan gurraacha (halluu shaayii ykn buna)
- Gogaa ykn ija keelloo
- Roobii gogaa ykn hooqsisuu
- Harka ykn mila kee keessa hadooduu ykn cicciniinuu
- Torban sadiin oliif qufa'uu
- Halkan keessa dafquu

**Yoo ati rakkinoota kanneen kamiyyuu qabaatte, INH fudhachuu dhaabii ennum sana kilinikii keetti bilbili – beellama kee isatti aanu hineegiin.**

**Qabxiilee kabiroo barbaachisaa ta'an:**

- **Alkoolii/dhugaatii dhuguun** yammuu INH fudhattu kalee kee miidhuu danda'a. Biiraa, wayinii, ykn alkoolii hindhugiin hanga waldhaansa LTBI kee fixxutti.
- Doktora keetti himi yoo ati **qoricha kabiraa** fudhachaa jirta ta'e ykn **ulfa taate**.

# Waldhaansa Dhibee Riphaa kan Somba (TB) – fuula 2

## Qoricha yoo ani fudhachuu baadhe Maaltu ta'a?

Yoo ati INH hinfudhattu ta'e ykn yoo dawaa fudhachuu yeroo hinmalle dhaabde, dhibee TB mul'atuun dhukkubsachuu dandeessa. Kun nama LTBI qabu **kamiyyuu** mudatuu mala **yeroo halle**.

## Maal gochuun qaba yoo kanaan dura ani talaallii BCG fudhadhe?

Biyyoota TBn beekamaa ta'e keessatti, namootni hedduun talaallii BCG jedhamu fudhatu. BCGn daa'imman TB irraa eeguu danda'a, garuu waggoota muraasa qofaaf tura.

Namootni BCG kanaan dura qaban dhibee TB mul'atuun qabamuu danda'a! Yoo kanaan dura BCG qabaatte, ammallee ofeeguu dandeessa qoricha LTBI fudhachuun.

## Yoo ani bakka biraa jiraachuuf deeme maaltu ta'a?

Yoo ati kutaa ykn magaala kabiraa jiraachuuf deemte, dhiheessaa kunuunsa fayyaa keetti himi **deemuu keen dura**. Qoricha kee kan TB akka argattu mirkaneessuuf sigargaaru deemuu keen duuba.

**Mataa kee, maatii kee, fi hiriyoota kee TB irraa eegi – qoricha TB kee hunda fudhadhu!**

**Akkamittin qoricha TB kiyya fudhachuu koo yaadadha?**

**Guyyaa halle INH kee fudhachuun baay'ee barbaachisaa dha.** Yoo guyyaa baay'eef irra utaalte qorichichi hojjachuu dhiisuu mala. Fudhachuu itti fufi hanga doktorri kee dhaabuun ni MALA jedhutti.

Akka yaadattu kan sigargaaran yaadawwan gartokko:

- Dawaalee kee bakka guyyaa halle ilaaltu kaa'i.
- Miseensa maatii ykn hiriyaa gaafadhu akka siyaadachiisan.
- Dawaa kee erga fudhatteen booda guyyaa halle kalendara kee irratti mallatto godhi.
- Saanduqa dawaa fudhachuu nama yaadachiisu fayyadami.
- Dawaa kee yeroo walfakkaataa irratti fudhu guyyaa halle. Fakkeenyaaf, ilkaan kee erga rigattee, ciree nyaatteen booda, ykn ciisuu keetiin dura.

Guyyaa kamiyyuu yoo irra utaalte, isaaniin katabi yeroo itti aanu ilaalamuuf ennaa deemtu doktora ykn narsii keetti himuuf.

**Kilinikii kee:**

_____

_____

_____

**Bilbila #:** _____

Oregon Health Authority

Katabbii kan Birkii Fayyaa Minnesota, Sagantaa Ittisa TB fi To'annaa irraa qophaahe